

OROMEESSAA
OROMEESSAA
GIRMAA BASHAADAA DAMISSE
gulaala 2ffaa

OROMEESSAA

ASOOSAMOOTA GAGGABAABOO FI KUUSAA WALALOO

Gulaala 2ffaa

GIRMAA BASHAADAA DAMISSEE

SULULTA, OROMIYAA

Fulbaana 2008/2015

© Girmaa Bashaadaa 2015

Gulaala 2ffaa Fulbaana, 2015 GC

Teessoo barreessichaa

0911261335/0913247231

Girmabeshada342@gmail.com

Baafata

Qabiyyee **Fuula**

Galata ……..6

Yaadannoo ……7

ASOOSAMA GAGGABAABOO

OROMEESSAA ……..9

XIIQII ……..22

DHIYEENA SIBIILAA ……..26

HIREE KIYYAA ……..38

WALALOO

Tooyinaaf ……52

Odaanuu! ……..53

Ani hin beeku ……54

Orom durii ……55

Abdii ……58

Haroo guddaa ……....60

Abiyyaa …….. 62

Guddoo turte ……64

Barruu waaqi ……66

Dubbii jala kaatta ……...…68

Gaachana ……..……69

Narraa hafi ……71

Hidhata haroomsa ……..……74

Ee… sin jaalata ……..……75

Jaawwomuu ……..78

Immiyyee..……79

Yoo harkaa ……84

Tur-namaa ……88

Dhaloota ……...91

Cagginoo ……92
Jettee mitii ……94
Gardaaduma ……..95
Nuu araarami ……96
Akka dhufu beekuu ……97
Mucaa takkan qaba ……98
Gaabbiif eegeen ……99
Finfin ……100
Yaanakoo ……102
Sifa jedhu ……...110
Sululta ……111
Oggas narraa gala ……113
Qaroo too ……115
Dhiifama ……117
Karrayyuu ……...118
Hibboo? ……119
Suuta irra ejjedhaa ……120
Oftuulummaan dhaallu ……..121
Sit' dibaabee tiyya ……122
Odaan gad jedha ……...123
Gumeef amastiisee ……...125
Kaaldii……126
Sin eega……128
Atumti yaa harmee ……...129
Sarana ……130
Boru kan ilmeeti ……..131

Galata

Waan hunda dura waaqayyo uumaan dachee diriirsee samii utubaa malee dhaabe anaan afuraa natti uumuusaarra darbee eenyummaa koo ammaaf akkan gahuuf kan nagargaaref galanni yaa tahu. Itti aansun, aayyaa anummaa koo har'aaf qabsoo nuffisiisaa taasifteef. Dhumarratti namoota kitaaba kiyyarratti akka waanofiitti yaadan na cinaa dhaabbattan hundaaf galanni kiyya dachaa dha.

Yaadannoo

Isa kaleessa qubeef jecha quba murameef !

KUTAA TOKKOFFAA

Asoosamoota Gaggabaaboo

OROMEESSAA

Foon ofii namarratti shamus ofirraa kutuuf nama marara, nama dhukkuba!

Galgalaa jalqabee hanga halkan qawweessaatti qo'annaarra waanan tureef utuun kitaabota gaggaragalchuu qaamni na dadhabee sireekoorra iddoon ciisee dubbisaa tureetti rafee hafe. Gadi ciisee hirriiba keessa; qarmammeettii mana qacaa warra keenyaa jalan taa'aa jira fakkaata. Akkoon nafuuldura ala keessa yoo gugguftuun arga. "Baddanii badaa..." naan jetti. Itti futees, "afaan maalii qabdan; isiinin bannee badaa! nu balleessitan! ihim… qaroominni keessan amma afaan ormaa guddisuuti?" jettee suuta gungumti. Rooba dhufuuf duumessaahe jalaa wandaboowwan miccitee afte guuraa. "Oromummaa irraa ormatti dheessitan; arjummaan ofirraanfachuu miti" naan jetti ammas wandaboo mana olkeessee gad baatee qarmammeetitti hirkattee; ijaa keessa na laalaa.

Utuu hin turin namni baayyeen tulluu wayiirraa heddatanii natti as yaa'u. "Ka'i…! ka'i…! ka'i…! oromeessi oromeessi" sagalee namootaa fagoodhaa natti dhaga'amuufi baayyina namoota nattas

deemaniitu natti mul'ata. Akkanuma jechaa miilli isaanii natti dhiyaachaa dhufe. Iyyichi isaaniis dabalaa nabira gahan. Hundi isaanitu harka wal qabataniiru.

Namarsanii ammas "ka'i oromaayi... ka'i oromeessi… ka'i oromeessi !" jedhanii natti iyyu. Booda anis hin turre isaan waliin harka wal qabadheen ka'ee iyya.

Hirriiba keessaan wareeree ka'e. Guyyaansaa wiixata. Ganama obboroon diimattee yaasa qotiilee gaafa qonnaati; akka sa'aatii baadiyyaa duriitti. Akka jabanaatti, barraaqa toora sa'aatii 12:00 jechuudha. Hirriiba keessaa yoon ka'u waci simbiraa sagalee muraasni gurra nabuuti.

Afatan irra rafu urgufee sireekoo deebisee afadhe. Hammammiin manni ani keessa jiraadhuu siree nama tokko raffistuufi teessoo tokko qofa qabdi waan taatef nyaata manaan alattin bilcheefadha. Rifeensakoof fuulakoos akkasuma. Sa'aatiin mana barumsaa natti gahe. Miira muddamaatin mana dhiphoo tana keessa ol gadi battattisaa waanan gochuu qabu hunda ergan raawwadheen booda miila gara taaksii mana baruumsaa nama geessituutti kute. Tasa taaksii kan jedhamtu karaarra waan hin jirreef; hiriira naannoo birbirsa gooroo (piyaassaa)tti namoota hedduun

hiriiran keessatti makame. Amma turre turree hiriirri kiyya taaksii bira yoogahuu taaksii seenee gara mana baruumsaatti imala daqiiqaa muraasaa erga taasifnee booda konkolaatarraa bu'ee oddoo mana baruumsaa seene.

Maqaankoo "Daadhii" waanan jedhamuuf, mooraa kolleejjichaa yoon seenu addaggeewwan muraasni "laga daadii giddib mexxaa" naan jedhu. Hidhi laga daadhii dhufe jechuu isaaniiti. Warra dippaartimantii kiyya baratuuti irra-jireessi isaanii. Isaan anaan akkan kolleejjii sana keessatti ilaalchaa sanyummaatiin nalaalu waan ta'eef; akka na aarsuu tokko isaan taasisa. Ani isaan hin dhagahuu. Kaayyoon inni guddaan kiyya tilmaama wareegama maatiin koo naaf godhanii dha. Qarshii ji'aa torbeen naaf ergamu galaa dugdaa qomaan natti baattamuu sani dha. Tarii afaan oromoo malee afaan amaariffaa waan natti ulfaatuf isaan waliin badaa haasaa fi tapha hin baayyisuu. Garuu hammeenya addaa hin qabu. Waan isaan na aarsuudhaaf yaalii gowwummaa isaan hin beekne taasisan sanatu; faana isaaniitirraa akkan fagaadhu na taasise.

Garee dippaaritimantii kiyyaa isiinin jedhu kanneen, dursaan isaanii 'Mashashaa' jedhama. Wadaroo yaada

isaatin kunneen hafan harkifamu. Dubartii keessaa dura fiigdun ‘Alam’ jedhamti. Yeroon kutaatti tasa afaan Amariffaa haasa’u dogoggora jechootaa ani dubbadhu funaananii kolfu.

Gurbaan hiriyaa kiyya ta’e oromtichi nawaliin deemus isaan waliin natti kolfa. Garuu maalif akka kolfu innuu hin beeku. Otuu beeke hin kolfu ture. Maqaan isaa kan warri baasef ‘Gurmuu’ ture. Sanuu maqaa bareedaa cululuqaa. Inni isaanin waan hiriyyoomeef ‘Saamii’ ofiin jedha. “Akkam Daadhii maaf turte?” naan jedhe. Harka isaa akkan nagaa gaafadhu harka kootti oofaa. Ammas hidhiin isaa lamaan hin cufamne; ilkaan isaa natti ibsaa nagaa wal gaafanne.

Amma barsiisan seenutti mooraa mana baruumsichaa keessa iddoon caama ganamaa hoo’ifannu waan jirtuuf dhakaa akka teessotti tolfamee jiru tokkorra nu lachanuu erga tokko gad teenye. Anaa gadi taa’uu nafuuldura quphanee ijakoo keessa ilaalaa, “fuullikee har’a sirrii miti?” naan jedhe. “Hiriyaankoo dhale jedhe qotiyyoon ittanee!” jedhama mitii. Lafa ilaalen caama mi’ooftu saammachaa jira. Deebii gahaa akka bardaadu fuulli isaa dura kolfaan guuttame sun xiqqoo akka duumessa’uu ta’uu isaarratti beeksisa. “Maalif

nacuftaa Daadhii? mana rakkootu jira moo?" naan jedhe.

"Waawu…callisuun dubbii salphisuudha jedhanii!" jechakoo gumgummii ture. "Maal jettee...? natti dubbattee...?" naan jedhe natti gad jedhee. "Lakki... lakki asumattin" jedheen mataan ol jedhee. Inni yaadni isaa manatti akkan aaree dhufe ykn karaarraatti waa namuudate itti fakkaatee naaf cinqama. Kan warra maqaa oromummaa kootitiin na aarsuuf yaali taasisanii innis waliin natti kolfu quba hinqabu irraanfateera.

Anaan eenyummaasaa biyyi jalaa badee adunyaa hin beekne keessa dararamu kanatu nacinqaa jira. Fuullikoo akka dimimmisaa'e innuu dubachuu baatu keessa kootu natti hasaasa. Mataakoo ol qabee waa'ee oromummaasaa gaaffii hin taane keessa jiru kana yaadaa, "Gurmuu!" yoon ittiin jedhuun, miira aariin wal makeen innis. "Saamii naan jedhi! muudii kiyya'n nyaatini ati" jedhe. Itti fufees, "Yeroo hunda hin dhageessuyii!" natti iyyee ammas.

"Sokki aboo ! ofii keetii hidha laga daadhii siin jedhanii madda kolfaa si taasifachaa jiru anaan maal yaa jedhanii barbaadde?" jedhe aariidhaan. "si ... ni

dhaagessaa! yeroon yeroo giloobalaayizeshiiniti. Ihi... adunyaan gooxii takka taatee jirti ih…" naan jedha nafuuldura dugdaan xiqqoo gad jedhee quba harkasaa akka warra biyya alaa sirba raappii sirbuu natti hurgufaa. Nama ammanaati Gurmuun. Giloobalaayize-shiniin eenyummaa dhalootaa ofii ofiirraa darbachaa, tuffachaa, afaan ofii dhiisanii kan ormaa dubbachaa, saabbonummaa awwaalaa, ormi akka nu tuffatu haala mijeessaa deemudha isaaf qaarominni. Foon ofii namarratti shamus ofirraa kutuudhaaf nama marara nama dhukkubas. Ittuma dhiisanii amma fayyuutti eegudha malee jechaan... Garaa kootti otuun maluu yeroon baruumsaa gahee namni "gaawonii" adii uffatee gara daree deemu barsiisaa keenya kan afaan nubarsiisu ta'uu egaan hubadhee booda hundi keenya gara kutaa ol nammine.

Baruumsa waggaa sadaffaa gara dhumaa barachaa jirra. Barataan hundumtuu iddoo teessumasaa erga qabatee booda, "Good moorning class!" Sagaleen fuuldura kiyyaa xiqqoo bahee garuu kutaa keessaa dubbatametu gurra naseene. 'Difaabachoo' jedhama. Barsiisaa keenya afaaniiti kanan isiniin jedhe sanadha. "Good moornig teacher.." jedhe kutaa guutun erga tokko. "Ok…" jechaa gabatee gurraacha irratti achi

garagalee barressuu jalqabe. Gabaticharratti kan barreefame, “what is launguge” jedha. Garuu haaraa miti. Duras barachaa turre; yaa ta’uutii barumsichi har’aa kun gudunfaa waggaa kanaa fakkaata. “What is languaage” jedhe barsiisaan irra deebi’ee. Harka namni baasu hin mul’atu. Barsiisichis ijaan nama quba baasu qixxifata. Harka mul’atan keessaa carraa akkan deebii deebisu anaaf kennamuukoo kanan mirkaneeffadhe. “ok…Daadii…!” yoo jedhu ture barsiisichi.

Aniis sagaleekoo qarachaan ija kootin barsiisaa laalaan, “languaage means “jedhee anaa jalqabuu na duubaa ”Beamaarinya! beamaarinya!” sagaleen jedhu dubbatame. Ofduuba yoon naannaa’u ‘Mashashaa’ ture. “Awoo awoo” jedhan erga tokko barattoonni kuunis. Barsiisichi anas ilaalaa barataa biraas laala. Gumgumuun barataa gara wacuutti ce’eera. Dubbiin dubbii Ingiliffa wallaaluu isaanii osoo hin ta’in “amaariffa ati dubbattuun kofalla nu kofalchiisii” dha. ”Faaxulli indaaqqoo hudduu duubni qullaa dha” jedhan mitii warri keenya. Akka isaan yaadanitti yoon xiinxalu afaan kana wallaalunkoo akka abaarsaatti ilaalu isaaniitu naaf gala. Utuun sirritti danda’ee gaarii ture. Afaan beekun waan baduuf hin qabu waanta’eef. Garuu afaan dhalootakoo miti maleessaa jibbiinsa

homaa irraa hin qabu. “Aawoo aawoo amaarinyaa!” jechaa waca isaanii itti fufaniiru.

“Silent…!” iyyicha sagalee barsiisaa Difaabbaachoo ture. Kutaan wacaan weerarame sun deebi’ee amala tasgabbii horate.

“Daadii mokir!” naan jedhe na laalaa barsiisichi. Hin danda’u jechuu nan danada’an ture. Garuu afaanicha baruu nan barbaada. Kanaaf anis, “ihi… qoonqaa ih… Qoonqaa malet bagibaa new”n jedhe hidhiin na tirrisaa. Sarbaan miila kootis na kirkira. Akka kootti afaan jechuun meeshaa ittiin walii galan jechuu kooti. “Kkk....kkk hahahahah…” kolfa nama hedduutu gurra na duuche. “Keepkuit”jedhe barsiisaa Difaabbaachoon. Kutaan ammas deebi’ee tasgabbaa’e. “Ahahahaha …” kolfa barsiisichaa ture. Amanuu hin dandeenye! achii booda, “Ahahaha kkkkkk…” kutaa guutuun akka mana jigsutti kolfa.

Figichaanan kutaa gadhiisee bahe. Iddoo harka itti dhiqannu akka maraataa ta’een bira ga’e. Maalif akkan aare hin beeku. Daawitii fuuldura dhaabbadhee yoon of ilaalu; dafqi rifeensa mataakoo jalaan addarra finfin jedhee tiifeera. Hiddi qaarun na mul’atu jawwee kattaarra ciisu fakkaata. Harka aboottuu koo aboottifa-

dheen naman dhahu wallaale. Ijji kiyyas ija re'ee gabbisaa nyaatte nata'e. Nyaarakoo gudunfamee hiikun dadhabe. Aarii yaa ta'uu rifaatuu ta'ee waliisaan wallaale. "Anuu si nyaadhee atuu narratti buutaa yaa raafuu" akkuma jedhamu afaan keenya eenyu akka ta'e beeku laata? Afaanoota Afrikaa gurguddoo jedhaman yookin dubbataman keessaa tokko ta'uu beekuu laata? Afaan Gadaan ittiin uumameefi hojiirra oole ta'uu beekuu laata? Gadaan qaroomina deemakirasii jalaqabaa kan adunyaafi abbaa oolmaa adunyaa ta'uu beekuu laata? Deemokiraasiin immoo wal danda'udha. Afaan biyyoo nni ollaa keenyaas itti fayyadaman ta'uu beeku laata? Afaan keenya afaan humna qawweetin baratanii miti silaa. Afaan kana baruuf yaalun akka cubbuu ta'eetti isaanuu nutti kolfu. Isaan ammas yoo nuti afaan isaanii haasofnus nutti kolfu! Yoo afaan keenya haasa'anis nutti kolfu. Silaa nutu kolfuu qaba; yoo isaan afaan keenya haasarratti dogoggoran. Nuti ilmaan warri guddisa tolcheeti. Guddisa sirna gadaa. mirga namaa hin dhiibnu. "Kan na aarse kana ta'inaa laata? eeyyee…! kanuma malee; Afaan kana doggogoruukoo miti"n jedha garaa kootti.

Nama wayii batattisaa natti as fiigu duuban kotteen isaa ni dhaga'ama. Daawiitiin dhaabbadhee ittiin of ilaalu "Gurmuu" akka ta'ee natti himti. Kolfi irraa hin muul'atu. Ol jedhee na laalu hin dandeenye. Mataan isaa lafatti waan gadii waaraanname fakkaata. "Waanan dubbadhu hin beeku Daadhii" Gurmuu ture sagalee qalloo gaabbidhaan waxalamteen. "Ammam akkan si miidhaa ture amma naaf gala. Eenyummaan, yoo hin beekne fagoo dha; tulluu bargamaati. Yoo beektemmoo qoree agamsaati. Si waraanti Si gubdi." naan jedha imimmaan dhanquu ija lamaan roobsaa.

Itti dabalees "Dhiifama naaf godhi Daadhii! an ofin fannisaa ture edaa" naan jedha ammas irra deebi'ee dhimmuun imimmaan isaa qooruu hin dandeenye. Na hammata; anis miirrikoo sirrii miti wal makeera. Imimmaan kokkeetti na rakkateera. Afaan keenya akka ormaa itti tolee miti kan as ga'e. Daddarbarmee maqaa warra wareegameen otuu hin kufin har'a ga'en jedhe keessa kootti gumgumaa ammas. "Kaleessa madaa foonii nafa kiyyaa turte. Har'a madaan sun naa fayyeera!"n jedheen Gurmuu ofitti qabee hammadhee. Koodee dhalootaa. Imimmaan gaabbiifi gammaachuun walmake ofirraa haqaa. Natti gammadee seeqe. Anis ittin kolfa.

Utuu kofalluu… nu duuba barsiisaafi barattoonni hiriiraan dhaabbataniiru. Fuula isaaniirraa rifaatuu, miira marartee fi gaddatu calaqqisa. Barsiisichi harkasaa boquuf areedasaatti hirkisee nu ilaala. Warri kuunis akkasuma baayyee dinqaman. Yeroo jalqabaati hiriyaa kiyya Gurmuun waliin walii galuun keenya. Tokkummaan sun kanaa laata? Dursa barsiisichi, "Sorry…sorry…" naan jechaa nahammachuuf natti tarkaanffatee nahammate. Barattoonni kuunis akkasumatti. "Dhiifamni kan waaqati!"n jedhe sagaleekoo ol fuudhee. Ammas itti fufeen iyyichaan, "Gadaa warri beekus baattan gurraan dhaga'uu ni dandeessu jedheen abdadha! Gadaan kalaqa duree deemokiraasii ammaati! Amala deemokiraasii keessaa ammoo tokko wal danda'uudha. Gadaan Oromootis akkana. Nuti ammas sin jaalanna. Isinis afaan keenya baradhaa! nuuf dubbisaa! nuuf barreessaa! keenyas oromeessaa!" yoon isaan dura dhaabbadhee isaanitti haasa'u kan naaf turjumaanu Gurmuu ture. Dhumarratti harka erga tokko naaf rukutamu aniis isaan waliin rukutee gara kutaatti dachaane.

Dhumarrattin kutaa keessa taa'en yaadan waan tokko taajjabe. Oromoonni dur yommuu oromeessan guddifaachaadhaan, moggaasan fi kan biraan ofitti

oromeessaa turan. Nuti dhaloonni ammaa oromummaa keenya kan ibsannu, maqaa wal dhahachuufi waliin dhaadachuudhaani akkasumas wal faarsuu qofaan ta'uusaa yeroo hunda waan agartuun keenya ilaaltu dha.

Yaa ta'uu, wal jalaachun oromummaa keenya cimsuu keessatti gahe bal'aa kan bahu ta'uu ifatti nibeekkama. Keessattuu namni afaan danda'eef qofa otuu hin ta'in oromoo taanee wal barbaaduu keenyaan hamma sabni biraa nutti inaafuutti ta'uu isaa baayyeen gammada. Mormakoo waggaa hedduudhaaf gadi haqanqaalamaa tureetu oljedhee deema.Sinboo kootu tuulama. Ofitti akkan boonu na affeeraa. Gama biraatin dhiibbaa alagaa kaleessa turees dabalatee; oromoo orma ta'e fallaa isaatin immoo orma oromoo ta'e argina. Yeroo tokko tokko immoo oromooyyuu oromeessun nu dhibaa jira.

Garuu kan oromummaa keenya sirritti nuuf calaqqisiisu afaaniifi aadaa ta'uu isaa yeroo adda addaatti haala garaa garaatiin ni dhageenya; ni agarra. Yaa ta'uutii meeqa keenyatu ilmaan keenya mana keessatti afaan oromootiin qooqa isaanii akka hiikkatan itti gargaramaa jirra. Meeqa keenyatu daa'imman keenya mana baruumsaa afaan oromoo galchinee barsiisaa jirra. Oromummaan asirraa kaati.

Kanaaf of yaa ilaalluu ofiis oromoofne kan bades oromeessina. Sana booda afaaniicha kan addunyaa taasifna. Seenaa ilmaan teenyaaf lafa teessisna. Dhumarratti walaloo tana yaadannoo tiyyarraa katabe.

Oromeessaa…orom eessaa?
oromeessaa… orma keessaa
itti himaa… mee boonsisaa
mee adaraa… itti hasaasaa
kudhaamsisaa…oromeessaa

*****////******

XIIQII

"Qubeen dhiiga wareegamaa, Kafaltii sabummaa kan kaleessaati!

Araddaa guddinni bara dheeraaf dagate garuummoo magaalaa keessa. Mana farsoo haadha Liiban. Manni farsoo haadha Liiban waarii galgalaa'e akka warra wadaaja bulfatuuti. Jeekkarri hin jiru malee. Namoonni mana isaanitii hindhabamani. Waarisiisaa haadha liiban fakkaata.

Maamila haadha Liiban keessaa 'Xiiqii'n nama qallaa afaanin tapha jaalatudha. Manuma haadha Liiban kireeffatee jiraata. Yoo inni dhufe mannis ni hoo'a. Iyyasaa fi kolfasaa jala homtuu hin gumgumu; wal jalaa qabanii qasa'uu malee. "Har'ammoo maal fidee dhufa" jedhu. Amma inni dubbatutti ni hamuummatu. Yoo ol seenu hundumtuu; "har'ammoo maal jedha laata." jechaa hidhii isaa ijaan eegu. Xiiqiin mana haadha Liiban saanqaan manashee gabaabaa waan ta'eef dugdaan lulee gad jedhee ol seene.

"Nooraa" jette haati Liiban. "Loon kuma horaa, Kaan godatti sooraa, Haammadhaa soraa!" jedhee Xiiqiin ofirra gadi taa'e. "Maaloo kaloo dhabnee!"

jette seeqaa. “Uuf……” jedhee miira dadhabbiitiin. “Maali eessa oolte” maamila biraa ture kan akkas jedheen. “Bakki oolan hin dhabamuu bakka bultii malee” jedhe ijaan haadha libaan laalaa akka waa fidduuf. Kan dhufeef afaanitti darbatee lafa kaa’e. Haadha Liibanin “haadha Liiboo”jedhaan. “Haadha Liiboo ani har’a waan dhaga’e. Kiraasassaabdummaa beektaa ?” jedheen. “Ihim!…maalinni immoo!” jette haati Liiban dinqamtee mormaan gadi jettee qaanqee dibaa ibiddaa xuxuqaa. “Kiraa sassaabudha kaa. kiraa sassaabuu!” jedhee akka nama aaruu fakkeessee. Itti dabalee, “farra guddina keenyaa kan hiiqa nu dhoowwe” jedhe.

Keessi manichaa caaleensaan liqinfamee hunduu isa laalaa. Haati Liibanis ibidda xuxuquu dhiistee ol jette. “iih! dubbiin garamii? Ammammoo kanaan dhuftee!” jette Haati Liiboo. Itti fuftees, “Anii mana kutaa shan akkan kireefadhuu beekta. Hunduma irraayyuu ji’akoo eggadheen kiraakoo sassaabadha. Maal ati baayyee kam kafaltaaf akkana taata” jette haati Liiban. Xiiqiin irraa butee, “Haadha Liiboo sin gallee; anii...” jedhee osoo hin fixin adda kuttee, “Gahee… gahe gahe tana argatte jettani immoo ijji sin dhukkubde. Beeka, yooman wallaale! Mee dhiira kiraa maaf sassaabbatta

jedhee na dhoowwun arga" jettee gumgumaa goda seente. Garuu akka taphaaf jedhu seete faakkata. Garuu duubbin Xiiqii kan biraati. Kiraassasaa-bdummaa jechuun malaanmaltummaa fa'a jechuusaati. Maamilli warri kuun dubbiin kan galeef kolfisaanii erga tokko mana sochoose. Booda innis dhiisee kan dhugu futi gochaa tapha biraa jijjiire.

"Kan beeku nahaa hooqu jette cittoon jedhan yaa haadha Liiban" jedhe mormaan gad jechaa. "mu! malinni immoo kee hin dhumuu abbooyaakoo na dhiisi!" jette kolfaa godaa gadi deebitee. "A B C D beektaa? Haadha Liiban" jedhe ammas. "Maali?" jetteen rifattee. "Boqate mitiiree" jedhe Xiiqiin. "Tu tu tu maal ilma koo abbaan caalaa kaleessa as hin turre maal ta'eetu du'e wayyoo" jette boquu lamaan qabattee fuula gaddaatiin "hirmii" tufaa. Haaati Liiban boo'icha jalqabde sagalee ol fuutee. "Maalan sii godha yaa alangeekoo! Maaltu si nyaate yaa joobirakoo ayiii…" jettee boossi. Xiiqiin daddafee rifatee ol jedhee afaan haadha Liiban qabee callisiise. "Ihim… afachu afachu namichi joobiras miti, alangees miti! utuu ta'ees gurcuu mitii? Yaa ta'uu inni garuu homaa hin taane… garuu ani 'ABCD'n jedhe bar" jedheen Xiiqiin. "Maarree Abbaa caalaa jette sirrumaa! abbaa

caalaa” jette osoo hin xumurin, manni kolfa maamilaatiin deebi’ee liqiinfame.

“Abbaa caalaa miti; ABCD dha “ jedhee sirritti itti hime. “Maalinni inni? maalif boqatee? Eessaa dhufee boqatee?” jettee haati Liiban nyaarashee walitti guduunfaa. “Haadha liiban ABCD ‘n barnoota” jedhe. “Maalan godharee anii” jette. “Isinis yoo barattan waan baduuf hin qabu jedheetani” jedheen. “Anii! ihim… eeyyeen saranan baradhee barreessituu warra dhumaaniii ta’a.” jetteenitti qoosaa. “Maal osoo hin du’iin dhufaatii ABCD kanallee yoo beektanii duutan. Wanni boqoteefis yoo sinii galee hin baduu bar” jedhe aariidhaan dhugaatii dabalachaa. Hunduu callisee dhaggeeffata. “Hanga yoomitti haatee hin baranne nuun jedhan. Maali warrikoo osoo hin baratin nabarsiise kun yoobarate. Abaarsa moo muudaa dha?” jedhe dhugaati ammas yeroo tokkoon fuudhee dhudha’ee. “Qubeen walabummaa dha. Dhiiga waree-gamaati. Kafaltii sabummaa kan kaleessaati. Isin nuuf barachuu bannaan gar-tokkoon ni boqata. Kanaaf nuuf baradhaa sin barsiifna. Maali yoo abbaa fi haati koo baratan?” jedhee fixnaan hunduu waa’ee kana waan xinxalu fakkaatee mataan gadi jedhanii taa’an.

*****////*****

DHIYEENA SIBIILAA

Sibiilli lubbuu hin qabu! Lubbuunsaa nama harka jirti !

2006 ganna walakkaa keessa. Mucaa fuulli ishee cilee uffatee dimiimmisaaye; garuu kan hojjaan ishee lafa guutuu Adaamaa ganda 04 keessa boxonxorooftee deemtu. Nama qalbii kan qalbiin qabne. Maqaa ishee 'Marii' jedhaniin namoonni naannoo mana baruumsaa galaadiyoos. Maraattuu jechuunii isaaniiti.

Magaalaa Adaamaa iddoo tokko qofa hin teessu. Namnishee wallaales hin jiru. Ganda gaaraa, pikook, 07, Siidaa wareegamtootaa, Univarsiitii akkasumas Abbaa gadaa ni deemti. Garuu iddoon raftu mana haadha hiyyeettii takkaati. Naannoo Ganda 04 jechaa dha.

Mariin maraattuu jedhaamtee beekkamtus, maraattuu miti. Garuu, gaafa wayii yoo wanta wayii yaadatte kan boochisee maraachu jira. Konkolaataa ariitee harkaan reebdi. "Na nyaatte ati! na saamte ati!" jettee dhaantee irraa deemti. Yoosan irraa gala. "Marii maarattuu!" jedheenii itti qoose. Nama busursuraa wayiiti. Konkolaataa oofuu baruuf naannoo ishee oofee fida. Garuu baayyee hin danda'u. "Akka maraattan hin beektan

malee kan maraate sinii! karkarroon kun!" jetteen. "Ofii uumtanii ittiin dhumtani maal anaan maraattuu jettan isini maraataan" jettiin konkolaataa isaa laaltee lafa rurrukutaa irra deebitee. "Ih….sintu na saame! sintu na saame; ijakoo fudhatani" jette Konkoolaataa namtichaa tti figdee ariitee faana fiigaa.

Gannas ta'u, guyyaa har'aa waaqni caaman oole. Marii maraattun naannoo galaadiyoosi gaaddisa heexoo tokko jala teessee jirti. Keessi ishee jeeqameera. Waan akka gammachuu wayiis keessaa romma. Nama waggaa lamaan dura ergitti beektu garuu du'e jettee kan yaadan awwaaltee abdiin ishee bututee ture. Isummaasaas mirkaneefachuuf ija ishee hin amanne. Innis qaaman akka gaarii jiraatus; waan yaaddon raatesse fakkaata. "Atinaaf...!" iyyicha sagalee Marii maraattuu mandara sana wareere ture. Atinaaf ofirra laallan nama beeku miti. Garuu rifateera. Isheen itti dhiyyaannan ijji isaa quba ishee irratti hafe. Qubeellaa! Qubeellaa ishee laala ture. Qubeellicha ni beeka! ejjetatti gogee hafe. Ija isaa quba isheerra buqqisee ijashee yoo laalu nama inni beeku garuu kan barri miidhe ta'uu mirkaneeffate. "Simboo dha mitii ati?" jedhee. Mataa ishee olii gadi urgufaa imimmaan

dhangaalaste. ”Eeyyeen!” jechuu isheeti; dubbii dadhabde malee. Walitti maramanii boohan.

Ganna lamaan dura...

Bara 2004 onkololeessa gamisaayee keessa ture. Atinaaf mucaa bareedaadha. Miidhagina alaa qofas miti; ilaalchi inni dhala namaatiif qabu adda isa taasisa. Ilma warra tarree harkaa dheerataniiti (abbaa qabeenyaa)ti. Waan fedhasaa hiixatee dhaqabuu danda’a. Erga qaaman Simboon wal arganii bubbulanii jiru. Guyyaa dhiyoo keessaa bilbilaan malee wal argani hin beekan. Simboon intala haadha hiyyeessaa yoo taateyyuu ofirra caalchisee sihee jaalata. Yoo ta’es Simboon namuma jaalatamtudha. Hiyyummaa ishee malee; miidhagina dubartummaa qabdi. Sanarratti kan qajjiisni rifeensa ishee akka jawwee maramee dannoorra ciisu. Gaafa isaan lamaan wal argatanii bashannansuu bahan dukkana gurraacha nama nyaachuuf ka’utu dungoo jaalalaa isaanitin ifa.

Amma lachan isaanituu dheebun yaaddoo gameefi jira. Walirraa hammana turanii hin beekan. Simboon haadha ishee kan baadiyyaa jirtu gaafachuuf deemtee waan turteef torbeen tokko Atinaafif jaarraa tokko itti

ta’e. Ennaa isheen maatii ishee bukkeedhaa finfinneetti deebitu konkoolataa Simboon yaabbattee dhufte keessa namootni hedduun akka mi’aatti walirratti fe’amanii jiru. Bilbilli Simboo ni iyya. Isheen hin dhageessu. Iyyicha imaltootaa, kan konkolaataa, kan gargaaraa, kan shuufeeraa, tuffii gargaaran imalaaf qabu dabalatee, akka midhaan qanqallootti naqaanii fakkeessee nama walirratti tuulun utuu isa hin hanqatin herreega yoo gaafatu arrabsoo inni haadha namaa arrabsu konkolaaticha keessatti keessummee- fama ture. Gurra ishee duuche. Iddoo wayiitti konkolaataan nama dabalataa fe’achuuf dhaabbatte. Namni tokko seenuf dhiibbatee dirqamumaan tittime. “Seenaa ni gallaa wanni guddaan jaalala” sagalee namaa konkolaataa keessa dubbatamee ture. “Eeyyeen waliin gahaa jaalalli jiraannan nu gahaa” sagalee biraa. Garuu jaalalli jiraannan waliin dhumna utuu jedhanii irra salphata fakkaata.Wanni nama dinqu konkolaatichi utuu balaan irra hin gahin ofiisaatifuu waan kufu fakkaata. Dhibee, balaa, ifaatuu akkasuma nama, nama ta’ee dhalatee mi’a ta’ee fe’ame agarte Simboon. Imala sa’aatii dheeraa booda namni karaatti harca’es harca’ee iddo buufata konkolaataa biyyoolessaa Finfinnee gahan.

Simboon konkolaataarraa buutee bilbila ishee ilaallatte. Missedcall 3'tu bilbila irratti mul'ata. Sadanuu kan Atinaaaf ture. Rifattee, yoosuma deebi-stee bilbilte.

"Heloo! sagalee bareeda Atinaafiiti.
"Atinaaf bilbiltee turte?" Simboo turte.
"Eeyyee! maaf na cinqitaa maaf hin kaastu!
"maaloo gooftaa kiyyaa hin dhageenye" jette.
"Geessee amma?"
"Eeyyee konkolaataarraa bu'eera "jetteen.
"Ijuma kee amman arguttin muddame Simboo tiyya" jedheen.
"Tole amma anis dadhabe waan ta'eef boruma wal argina." "Sirumaa boruu sanbata waan ta'eef ergi deemna!"jedhe.
"eessa ?" jetteen.
"maatii waliin sagantaa qabna. Sagantaan keenya bishooftuu baabboo gaayyaa dha. Nu waliin akka hirmaattu abdiin qaba. Achumaanis sarpiraayizii wayiin qaba qophaayi" jedheen.
Garaatti Sarpiraayiziichi maalinni laata! jechaa…
"Tolee waan hundaafuu ganama manaa na fudhadhaa" jetteen.

Abjuu isaa yeroo dheeraa; kan galma keessoo dheebuu waliin jireenyaa waggaa lakkaawwate. Wanti nama dhibu maatiin isaa miseensa qaroomina jabanummaatti makamanii dha. Simboon hiyyummaa isheetin osoo hin madaalin, filannoo filannoo hin qabne kan Atinaaf waan taateef maatiinsaa Simboo waliinis walitti dhiyeenya qabu.

Ganamaa barii caamni bahe nama hawwata. Bakka buutuu ciree ganamaa fi biiftuu birraa yeroo ijoollummaa nama yaadachiisu. Konkolaataa manaa korollaan bifa cuquliisaa qabdu mana Simboon kireeffatte fuuldura dhaabbatteetti. Sagaleen waami-chaa kan konkolaataa nidhagahama. Magaallee jiituu oromummaan irraa calaqqisu, bifaafi naatoo hin amanamne garuummoo bifa kana dura beeku; kan har'a adda itti ta'e Simboo turte. Karra alaa cuftee dambal…! dambal…! jechaa konkolaataatti as deemti. Konkolaataa banattee yoo seentu nama teessoo fuulduraa iddoo shufeeraa taa'u fuula magaala irra luuccaan areedaa gurraachi bosoneesseera. Bareedina ajaayibaa biiftuu fakkaatu. Atinaaf ture. Harka fuutee, boqoofi hidhiisaa dhungatte. Innis hin ille.

Obboleettin Atinaaf fi jaalalleenshee teessoo duubaa taa'aaniiru. Lachan isaaniituu yeroo bashannanan haga

fiixeetti. Of hinqusatan. Kanaanis beekkamu. Kanaafis Atinaaf isaan fidatee kan dhufe. Simboonis ni beekti. Isaanin erga “heey” jettee harkasaan fuutee booda, ammas ija isaa keessa ija jaalalatiin akka nama waa keessa barbaaduutti laalti. Yaaddo hin fixanne. Innis fuula isaa akka biiftuu ifuun qaroo ishee laalaa harkaan hiixatee suuta sagalee teeppii konkoolaataa dabalee sirritti iyyisiisee booda, harkasaa irra keessaa faffacaasaa teeppii waliin sirbee iyya. Warri duubaas ni iyyu waan ta’eef Simboon itti makamte iyyiti. Iyyicha addaa kan gammachuu.

Konkolaatittiin isaan feete hin turre qe’ee Simboofaa gadhiistee sokkite. Bishooftuu haalli qilleensa ishee soora lubbuu fakkaata. Samii dumeessa hin qabne, caama waaree nama harkisu, Hoteelotafi Rizoortii babbareedoon haroo Baabboo Gaayyaa marsaniiru. Bosonni magaarisawaan bareedina uumaa itti dabalee faayeera.

Konkolaatan manaa Korallaa Atinaaf fa’i nagaan geesseetti. Deegii karaarra sababa baayyinafi cinqama tiraafikaan turanii dhufaniifillee. Baabboo gaayyaa jechuu dha.

“Gammachuu… goobana ji’aa goobana ji’aa

Gammachuu goobana ji’aa… goobana ji’aa

Gammachuu…goobana ji’aa…

yaa gammachuu dacha nuta’ii…!”

Sirbi Alii Birraa konkolaataa isaanii keessaa sagaleen akka malee ol ka’ee dhaga’ama. Iyyichi gammachuu namootaa; konkolaataa keessaa dhaga’amu maamila rizoortichaa akka laalanitti hambise. Ijji maamila hundaatu isaanirra jirti. Ajaa’iba!

Daggalli Rizoortichaa keessi kan jaalalleewwanii qofa qophaa’e fakkaata. Konkolaataa irraa hundumti isaanituu bu’aniiru. Simboon ulaa takka keessa dabartee mana fincaanii seente. Yommuu mana fincaanitii seentee baatu xuwwaarri isaanii hin jiru. Akkashee dhokatan kan galeef yoosuma. Ni barbaaddi hin jiran. Barbaacha isaanii keessa waan dinqii uumaan waaqaa faayee Oromiyaadhaaf kenne akka argite keessi ishee itti lallabe. Waca simbiraa; foolii abaaboo,qilleensa qorraa, haroo bishaanii daawwiitii gaaraf bosonni keessatti oflaalan gaaddidduu uumaamni keessatti mul’atu.

Barbaacha isaanii itti fufteetti. Amma deemsa tarkaan-ffii muraasa booda ulaa biraa keessaa, “sarpiraayiz!”

Sagalee nama baayyee tasa gurra ishee wareere ture. Rifaatudhaan gatiittii ishee naanneessite.

“Happy birthday to you

Happy birthday to you

Guyyaa dhalootaa gaarii

Guyyaa dhalootaa gaarii”

Namootumaa beektu ture kan faaruu kana faarfatan. Fuulli haaraanis isaan keessa ni mul’ata. Hojjettoota “kichinii” hoteelichaa turan. Hunda dura garuu Atiinaf argite. Simboon wanti guutuusaa galuufis baatu, booda guyyaa dhalootashee ta’uu yaadatte. Ilkaan ishee ayeetuu seeqaa miillan suuta isaanitti makamteetti. Fuula isheerra imimmaan dhanquudhaan yaa’a. Garuu ni kofalti. Faaruun itti fufeera.

“happy birthday to you…..”

“happy birthday to you…..”

Dungoo Keekiirra jiran hundaa dabaree dabareen eega dhaamsitee booda keekii qophaa’eef murti. Itti aansanii Simboo fi Atinaaf dabareedhaan keekicha afaan wal kaa’u. Simboon eega afaan keewwattee

booda afaan ishee keessa arrabaan akka waa barbaaddu fuulli ishee ni hima. Rifatteeetti! Booda arraba isheetin waan akka sibiila calaqqisuu ganaasheerra arrabaan teechifte. Quubellaadha. Qubeellaa ta'uu beeknan rifatteetti. Lachan isaaniitu ija jaalalaatiin wal ilaalu. Atinaaf ganaa simbootirraa qubeellaa erga fuudhee booda jilbeeffate… "Simboo! na…na… heerumtaa ?" Quba harkashee shootii alangee diriirsiteefi. Sirna qubeellaas guyyaa dhaalota ishees iddoo tokkootti kabajuun ishee guyyicha guyyaa addaa taasiseefiira. Baayyee gammadde.

Erga sirnichi raawwatee booda hundumtuu dhugee dhiichisaa jira. Dhugaatiin baayyateera. Sa'aatiin waan deeme fakkaata. Garuu,Simboo fa'a ammas Baabboo Gaayyaan gadhiisuu diddeetti. Isaanis dhugaatiin dadhabsiiseera. Simboon miira machiitiin… "Atinaaf, Atinaaf har'a konkolaataa kana natu oofa…! nan oofa…!" jette bittintiraa afaan wal hidhaa. konkolaataa oofuu xiqqoo xiqqoo ni dandeessi. Achii booda "Situ oofa rabbi! waaqa! situ oofa!o…oofi oofii…"jedhee Atinaaafis afaan wal hidhuun. Hunduu konkolaataa seenaniiru. Yeroon isaa halkaan ture.

Konkolaataan isaanii bishooftutti nagaa dhaammattee magaalaattii gadhiistee sokkiteetti. Garuu, deemsi

konkolaatittii nama sodaachisa. Karaa gadhiistee baati. Isaanitti waan beekkamu hin fakkaatu. Saffasni ishee ijaan argaa namaatti hin tolu. Daandiin bishooftuu hanga finfinnee gaariis ta'u baayyina tiraafikaan kan ka'e of eggannoo barbaada.

Jajallachaas ta'u amma deeman deemanii; Konkolaataa guddaa Taataan uummata fe'u fuuldura isaaniitii sagalee xurunbaa dhageessisuus, tasa Simboon irraa qabuuf hin dandeenye. Konkolaataan lamaan walitti bu'anii balaa hamaan gahe. Taataan garagaleera. korollaan simboo fa'is akkasuma hurraa'era. Guyyaa hanqoo! Iyyichi namaa Taataa balaan irra gahee Taataa keessa jiruu gurra nama duucha. Kuunisaa kan lubbuuf iyyu. Kuun kan fooni isaa sibiilan nyaatameef iyyu. Kan gadooduu, kan watwaatu, kan wixxiffatu, kan lubbuun du'aatiif qarqara geessee agartuun baddaatti ol baatu. Ammoo kan battalatti adunyaa gatee sokke. Dhiigni konkolaataa lamaan keessaa burqu laga iddoo qalma horii fakkaata. Oyiruu toora sanaa akka jallisiin lola'eera. Jallisii dhiigaa! "Yaa daa'imatoo; yaa kanan haadha malee guddise bineensi sin nyaate nagaatti!" sagalee dadhabaa nama lubbuun isaa keessaa bahuuf kaate ture. "yaa haadhatoo, yaahaadhatoo carraa tee" jedha namni biraas. Kuun

kan bahees rifaatudhaan boo'a. Kuun firaaf maatii ofii teessoo sibiila konkolataa keessa miillaf harka citee keessatti hafe ol harkisa. Akkaatuma wal fakkaatun ilmi namaa wal jalaa qabee gadooda.

Korollaan keessaas akkasuma, obboleettiin Atinaaf fi jaalalleen ishee battalatti lubbuun isaanii baatetti. Kan hafan lamaanis lubbuun isaanii du'aafi jireenya giddu tirristi. Miidhaa qaamaa cimaatu irra gahe. Lubbuun nama hedduu gaaga'ameera. Yaa waaqi! sibiilli Lubbuu hin qabu. Uumama namaati. Dheena sibiilaa ta'uun du'a lammataati. Ofii uumanii ittiin dhumanii!

////

HIREE KIYYAA

Namni godi isaa guutuu ta'e, kan ollaas akkasumatti hubataa laata ?

Maqaan koo Hiree Kiyyaa nan jedhani. Kanan dhaladhe magaalaa Finfinneetti. Dhaloonni maatii kiyyaa dirreedhawaadha. Haati tiyya Hiree jedhamti. Akkan dhagayuutti da'uumsarratti narraa du'uusheeti. Wanti nama dhibu abbaa kootin kan wal argan iddoo sagantaa muuziqaatti. Abbaan koo artiistii dha. Sagantaa sanarratti yoo inni sagaleessu ture kan wal baran. Guyyaan sun isaaf iddoo guddaa qabdi. Baayyee akka wal jaalataan kaniin dhagayuu abbaa kootirraa qofa osoo hin taane argaa dhageettii maraatu natti hima. Waan nama dhibuu haati tiyya dhalaa magaalaa dirreedhawaa keessa jiraniif biiftuudha. Bareedinni Dirreedhawaa isheedhaan ifa jedhan.

Abbaakoo ani maqaasaatin hin yaamu. Luleen jedhaan. Garuu, maqaansaa Kiyyaadha. Haadhas abbaas ta'ee nama biraa hin beeku. Sabiyyuummaa kiyyarraa jalqabee abbaankoo jireenya biraa hin qabu. Inni anaafi artiidhaaf jiraata. Ammatti iddoon jireenya

keenyaa Dirreedhawaadha. Wanni finfinneedhaa gara dirreedhawaa dhufneef manni baruumsa afaan Oromoo Fifinnnee waan hin jirreefi. Amma Dirreedhawaatti kutaa 4ffaan baradha.

Guyyaan isaa sanbata ture. Naannoo sa'aatii boodaati. Magaalaa keessatti wanti ajaayibaa tokko ni haasa'ama. Yeroonsaa seenni birraati. Waa'ee konsaartii Kiyyaa fa'aati. Sirbi isaatis akka rasaasa jaalalaati. Onnee tarsaasee nama seenaa. Hoteela, konkolaataa, kaaffee, mana hojiif mana jireenya keessatti iddoon sagaleen sirbasaa hin dhagayammne hin jiru. Gurra jabaaf xiqqaa, jaarsaaf jaartii ,dargaggeessaf ga'eessa keessa jira. Hundumtuu waa'een isaa dhimma sirba Kiyyaati. Haasaan biraa magaalaa dirreedhawaa keessatti haasa'amuu hin jiru. Sirba oromummaan faayame; kan walaloon isaa gootummaa isaatiin lafee lugnaaf albaadheeyissaa sibileessu.

Konsartii Kiyyaa fa'i uummatni seenuudhaaf qophaa'ee guyyaattii hawwiidhaan eeggachaa jira. Kiyyaanis hiriyoota waliin sagaleessu waliin dhimma sagantaa qophaa'eerratti olii gadi kaachaa jira. Sagalee namoota isa yaamanii dinqisafataniifuu karaarra deemu hin dandayu. Bitaaf mirgaa isa yaamu. Kiyyaan bareedinni isaa akkuma sagaleessaati. Biilaan

gofareesaa mataasaarraa ol ejjetu qarree karaa deemtu ejjetatti dhaabe hambisa. Laallamee hin quufamu ejjennisaa. Fuula magaala bareeda guutuurra ilkee ayeetuu fi funyaan konkona.

Jala bultii sagantichaatiin wal qabatee kakaasiin magaalicha keeyissa waliin gayameera. Kiyyaan fa'i utuu deemanuu kaafteriyaa wayiitti goran. Namni kaaffee sana keessa jiru hundumtuu ijjisaa Kiyyaarra jira. Ol seene akkuma taa'en; "Kiyyaan kanaa bar aboo! kiyyaadhaa bar!" jedhu cinaatti wal tuqanii walitti ususaa. Keessumeeyisituun isaaf ajajamuuf dhufte; fajajjee ejjettee hafte. "anaaf shaayii tokko naaf fidi!" jedhe kiyyaan namni isa hin dhageenye kan hubate; erga intalli "ihi…ihi…"jettenii boodadha. "Maali asii hin jirtuu?" jedhe hiriyaan Kiyyaa intalattiitti seeqaa. Namoonni waan intalti taatee hordofaa turan hundi erga tokko qasa'an.

Kiyyaafi hiriyaan isaa Yoonus shaayii dhugaa dhimma qophii boruurratti dudubbachuu eegalan.

"weellisaan biraa hin dhufaa Kiyyaa ?" jedhee yoonus.

"Baayyeetu dhufa. Boruu guyyaan guyyaa addaati." jedhe Kiyyaan shaayii mormaan gad jedhee

dhamdhamaa.

“Maal magaalaan waa’ee dhimma keetii haasooyti.” jedhe ammas Yoonus.

“Aboo bar keenya qarshiin uummata nutti gammaduudha. kanaan alatti Yoonus kiyya! Qarshiin albama kanarraa giiphii na seentuu hin jirtu.” jedhe ijaan lafa laalaa.

“yoo tana namni waan dureessa taatan itti fakkaatu jiraachu dandayaa mitii?”

“Guuteera kumaatamaa!” jedhee erga tokko kolfan.

“Garuu siin namni weellisummaa kee qofaaf osoo hin tayin bareedina keetis laalee booji’ama” jedhen Yoonus.

“ahaha… ahahahah…” je’e ammas qasa’e.

“natti qoosta mitii?” jedheen deebi’ee Kiyyaan.

“lakki dhuguman jedhaa dhugaa” jedhee barruu ganaasaa rukutaa.

Yeroo boqonnaasaa anaan malee hiriyaa addaa hin qabu. Ijaa haadha tiyyaatiin na ilaala. Kanaaf maqaa

kootis maqaa haadha tiyyaa naaf baasee ittiin nawaama. “Hiree Kiyyaa naan jedha” Ijjisaa nama biraa hin agartuu. Hireen erga boqattee booda dhalaa biraa akka jiran hin beeku. Gadda cimaa keessa ture.

“Hiree! baruumsi akkami?” naan je’e Yoonus.

“Gaariidha homaa hin jedhuu”n jedheen itti seeqaa.

“Jabaadhu situu boru hojii aartii abbaan kee jalqabee kana galmaan gaha” jedhe Yoonus ijasaa walitti cufaa mataa olii-gadi urgufaa. Abbaa kootin Kiyyaa hin jedhuun. Luleen jedhaani. Afaanuma daa’imuummaa kootin waan hikkadheef. Waanuma yoonus jedhe kana Luleenis akkasuma matasaa raasa.
“bu’aan daldala kootin isaaf uummata na jaallatu kana qofadha” jedhe dinqamaa. Abdii guddaa narraa akka qabu naaf gala. Ammoo namni maatii jedhee itti dhiyaatu hin jiru. Maatiisaa galoon bishaanii Dirreedhawaa keessatti gaheen jala fudhateera. Haadhaf abbaa akkasuma obboleeyyan qaxalee hedduu dhabeera. Kanaaf eenyumaanuu hin qabu.

Guyyaa sana nutis, Yoonusis nagaa walitti dhaamma nnee gara mana keenyaa galle. Lafti bari’uu hin oolle bariitee iddoo sagantaan muuziiqaa qophaa’eetti yaane.

Luleen (Kiyyaan) na dursee iddoo qophichaatti argamee haala sagantaa mijeessa ture.

Keessummoonni gurguddaaniif uummanni seenanii iddoo qabataniiru. Waltajjiin ifatti banameera. Anaaf Yoonus teessoo galmichaa jalqabarra teenyerra. Kiyyaa fi weellistoonni biroo bebeekkamoon duuba waltajjii jiru. Kan sagantaa guyyaa har'aa kana beeksisu waltajjiirra bahee beeksisuu jalqabe. "kabajamtoota keessummoota sagantaa muuziqaa kanarratti nuuf argamtaan hundaaf hunda dura baga guyyaa bareedaa kanarratti nuuf argamtaan jenna!" jedhee yoo fixu rukkuttaan harkaa galmicha sochoose. Ittifufees abbaan waltajjichaa sagalee qarachaa "tolee qabiyyee sagantaa keenyaa akka kana gadiitti isin beeksisna." Eega jedhee booda, qabiyyee sagantichaa hundaa ibse.

Dhumarratti akkas jedhe. "Kaayyoon sagantaa kanaa waa lamaafi! Tokko galiin konsartii kanarraa argamu sababa galoo bishaaniitin warra maatii ofii dhaban gargaaruufi. Kan biraa yaadannoo kiyyaa fi haadha manasaa kan turtee Hireetiif!" erga je'ee booda ittifufee; "galatoomaa! sagantaa keenya ifatti jalqabna!" jedhee yoo xumuru ammas rukuttaan harkaa, iyyichifi siiqsuun galma keessa gurra nu

duuche.

Weellistoonni Lamaan tokko erga sagaleessanii Booda ; keessummota galma keessaa akka bohaaraa jiran of duuba garagalee ilaaleen mirkaneefadhe. Achii booda galmi yeroo muraasaaf caallensaan liqimfame. Nama wayii waltajjiitti dhufu akka eegan naaf gale. Kiyyaa ykn anaaf (Lulee). Sagalee guddistuu keessa sagaleenisaa ni dhaga'ama.

"wanta baayyee argee

Adunyaa tanarraa

Naaf kan caalu hin jiru

Hiree hiriyaarraa!"

Sirbasaa waggaa shan dura sirbee ture waan ta'eef galmi guutuun ni yaadata. Namoonni galma keessa jiran hundumtuu ol ka'anii dhaabbatanii ni iyyu. Kuun isaa ni booya. Anas miirri addaa na keessatti dhaga'ame. Ammana dandeettii qabaachuusaatu na dinqe. Kiyyaan waltajjiirratti bahee jennaan sirumattuu iyyichaan galmi wareerameera. Sagaleen meeshaa muuziqaa duubasaati taphachaa ture dhaabbateera. Homtuu hin dhaga'amu. Keesson galmichaa deebi'ee tasgabbaa'e. Amma Kiyyaan sirba dhiisee duubbii eegaleera.

“Anaaf guyyaan har’a tun adda. Ammam akkan uummata kiyyaan jalatamuun itti of arge. Karaa biraan hiriyaa too kan turtee haadha mucaa kootin kanaa guyyaan itti argadhee ture.” jedhe qubaan iddoo anii taa’uu na agarsiisaa. Osoo hin xumuriin imimmaan ijarraa morma bu’e. Ofduuba yoon laalu hundumtuu imimmaan qonqootti rakkate fakkaata. Anaas miirri gaddaa hin beekkamne na wareerera. Kiyyaan haasaa itti fufeera.

“Guyyaan tun gaafan ishee argadhes; guyyaa itti ishee dhabesii dha! kan biraa maatiikootis galoodhaan kanan dhabe guyyuma kana. Har’a anaan kan natti hafe isiniif ilmakoo kanadha. Ani nama biraa hin qabu. Jiruutoo keessatti bu’aan ani buusee jaalala keessan qofaa dha” jechaa imimmaan isaa fuulasaa haxaa’ata.

“Kanaaf weelluun tiyya yaadannoo waan dura kaase saniiti. Isaanan faarsee yaadadha.” jedhe.

Ittis fufes “isiinin jaalladha; isiniinan waan darbe irraanfadha! galatoomaa!” jechaa taphattoota meeshaa muuziqaa akka jalqabani isaanitti garagalee nyaaran itti himuf yoo ofduuba laalu; rukkuttaa harkaa deebi’ee galama sochoose. Sirbi jalqabeera!

“wanta baayyeen arge

Adunyaa tanarraa

Naaf kan caalu hin turre

Hiree hiriyaarraa…" sana booda hunduu ka'ee sirbaa jira. Aniis imimmaan ofirraa haxaa'en sirbatti ka'e.

Sagantichi guyyaa sana akkuma midhagee jalqabetti midhagee xumurame. Qarshii tokkichi giiphii Lulee (Kiyyaa) seenu akka hin jirre durayyu kaasen ture. Kaasettaa ykn albamasaa akka hin gurguramne "kooppii raayitii"n kuffiseera. Uummatni keenya sana hin hubatu. Nutis maqaa malee homaa hin argannu. Garuu, "jaalala uummataatu caala!" naan jedha Luleen.

Waggaa jaha booda…

Har'a guyyaansaa namatti hin tolu. Luleen dhukkub-sateera. Baayyee dhukkube. Duras ni dhukkuba ture. Amma garuu,waan itti jabeesse fakkaata. Kanaaf baruumsakoo adda kutuun qaba. Isarratti mana keessa wanti nyaannufi uffannu hin jiru. Rakkoon faaxulaan mana keenya banattee seentee jirti. Kan nu gaafatus hin jiru. Akka dur inni bahee hojjechuu hin dandeenye. Hiriyoonni muraasni isaatis amma nu gargaaru qaban erga nu gargaaraa turanii dhadhabaniiru. Of-ifataniiru.

Manni keenya ammas magaala Dirreedawaa naannoo ganda gaaraati. Malli naharkaa bade.

“uh…uh..uh…” Luleetu manaa ukama. Itti jabeesseera.

“Hiree! Hiree! mee qoricha sana naaf kenni” naan jedhe sagalee dhadhabduudhaan. Ala mana jala waan an tureef sagaleesaa dhageenyanan mana olseene. Fuulli isaa guutuun duraanii sun natti boollachaa dhufe. Ijji isaa keessatti dudduteetti. Sagaleensaa yoo inni dubbatu ni kirkira. Imimmaan na hudhe. Baafachuuf natti aara. Yoon biratti booye natti dheekkama. Akkan cinqamuuf hin barbaadu. Amman mana keessaa qoricha kenneefi gadi bahutti imimmaan na cinqeera.

Booda gadi baheen “hiiq” jedhee booye. Gaarummaa isaa kan kaleessaa, jaalalasaa daangaa naaf hin qabne. Gadda haadha tiyyaaf gadda dhumaatii maatiisaa kan galoon jalaa fixe. Kun hundi otoo irra jiru ammammoo dhibeen akka inni hin carraaqqanne isa gochaa jirtu tanaatu natti dhaga’amee nan rommisiisa.

“Hiree ! Hiree !” naan jedhe na waamnan nan rifadhe. Sagalee yoon boo’u na dhaga’e fakkaata.

“oo… dhufe!” jedheenin fuula kootirraan imimmaan haaxa’achaa itti ol deebi’e. Ijasaa dhadhabduu sanaan laalaa;

“Maal taate? uh… uh…” jedhee ukama ammas.

“ ihim.. homaa… homaa hin taane!” jedheen sobee itti sesseeqaa. Kan sobaa akka ta’e bareera. Nyaarasaa qaama dhadhabeen natti guura. Garuu,natti dubbachuu hin danda’u.

“Baruumsa kee deemi!” naan jedhe akka fuula sossobbii waayitiin. Kutaa 10ffaa gaheera. Walakkaa waggaatirra. Mataa koon lafa laale. Akkan dhaquu hin barbaanne hubateera.

“Maali ?” naan jedhe suuta iddoo dugdaan ciise ol jechaa. Fuula aariitiin.

“Wanta nyaatamus, wanta uffatamus homaa hin qabnu bar Lulee !”jedheen.

“Beela’i, Daarii baradhuu haasa biraa dhiisi abo! Anaaf yoo ta’ee waa’ee koo hin dhiphatin deemsi hundaatu gara du’aati” nan jedhee naan lole. Booda anii akkuma isa garaan hin boorofne mana baruumsa waan deemu fakkeessen manaa bahe.

Ala gadi baheen malli wayii naaf dhufe mi'a Leestiroo Mana keenya Luleen itti fayyadamaa ture haxooftuu argeen suuta mana jalaa ergan fudhadhee booda; saanduqa leestiroos kan hin beekamne mana jalaa argadhe. Qalamni guutuun akkuma bitametti jira. Baayyee nama gammachiisa. Suuta qaxxisaan mi'a hunda fudhee karaa kute. Naannoo gabaa Taayiwaanii gaheen garaan lama na ta'e. Tokko "ilma weellisaa beekkama ta'eet leestiroo Hojjetaa!" na jedhu. Saniinuu weellisaa magaalaa kanatti beekkamu jedhee na sodaata. Garaan tokkommoo, "ammatti weellisaan beekkamaan sun akkatti jiruu siqofaatu beeka waan ta'eef carraa biraa hin qabdu gadi jedhii hojjedhu!" naan jedha.

Hadaa bishaan keessaa ta'een garaan na raase. Waaqnif lafti narraa fagaatan. Samiin natti naanna'een saanduqa leestiroo qabadhee taayiwaan fuldura dhaabbadhe. Abbaan koo kaleessa iyyaafatamu sun har'a gadda onnee maalumaanuu otuu bakka hin buusin dhibeen sakaalte manatti hambiste kana yaaden imimmaan koo cobse. Anaan ammoo karaarratti na hambisuuf itti deemaa jira. Kanaaf yoon hojjechu baadhe wantin dura jedhe guutuunsaa naaf hin hafu.

Garuu,baruumsa kootis adda kutuu hin qabu edaa! Amma karrarraan jira. Luleen mana cinqiirra Jira.

Gadi taa'een waa yaade. Har'a kan akkatti rakkachaa jiru abbaa kiyya qofaa miti. Akka hin taanes nan dhagaha. Artiistii oromoo, Oromiyaaf seenaa meeqa hojjetee darbes har'atti rakkoo wal fakkaataa keessa jiraachu isaa beekna. Garuu, isaan hin yaadannu. Namni yeroo har'aa isa qabuuf dabaluuf iyyaafannaa deema. Eebba manaaf dhaqeetu "Wiskii" dhuguuf daboo yaafatee deema. Isa du'eefis; erga du'ee booda "na qabaa, na gadhiisa!" jechaa Boo'e boochisa malee isa osoo hin du'iin dura akka fayyu hirmannaan jiru hin baramne. Akkuma jabaa gargaaran kan dadhaabes utuu gargaarani akkam namatti tola. Namni godi isaa guutuu ta'e,kan ollaas akkasumatti hubataa laata?

*****////******

Kutaa 2ffaa

Kuusaa walaloo

Tooynaaf

Tooynaaf makmaaksa
naaf waraabi sheekkoo
duubbuksi oduu durii
hibboon sigaafadha
naaf guutii godakoo
hellee hellemaaya
tirriii arsii keessaa
geelloofi kumkummee
ragadaaf dhiichisa

waraabbamtee hindhumtu
situ naaf malkaa horaa
situ sammuukoo qara
sirraa bareen sirra bara
situ man-kitaabaati
tooynaaf waaqabdaa
natu dhaloota qubeeti
kanaafan warabbadha

////*

Odaanuu!

Ruumechi halaalaa dhufee
Makoodin manya qabdi
Odaanuu of’ hin dadhabne
Allaattiin waldadhabdi!

////*

Ani Hin Beeku…

Kaleessaaf dheengada
waatoo; heexoo beekna
birbirsaaf gaattiraa
qilxuuf odaa, jala xaphanna
gaagura uumamaa
damma keessaa nyaanna

fura laalisaa illee
‘sa dheedmaa ameessaa
gaaddisa uumam’ maraa
tulluun magariisa
har’af kana garuu
waatoo jennaan dhabnee
qorichaaf gaafannaan
muka somboo waamne

utubaadhaan mujjaa
marga soraat’ akeekuu
dhaalonni ofilaalaa,
kana anin beekuu...

////*

Orom Durii

Oromoon koo durii
orom durii jiraa ?
gadaa inni uume
duniyaa tanarraa
abbaa kennaa kenne
jalqabaafi dura
deemofi kiraasii
bulchiinsa isa har'a

holqa qaroominaa
qorannoo akeekee
waan jabanaa malee
urjii yaadan hiike
otuu lafti hin beekin
dura dursee beeke
hiika uumaam' maraa
jalqaba kan qeeqe

Orom durii jiraa…?
Orom gaaf araara
gaaddisa isa dhugaa
gaaddisa odaa jala
kan fagoofi dhihoon

itti walwaamu halaala
kan guutuu qabatee
jalat’ waleebbisu
sheexana moo’atee
kan nama araarsu

akka dur dheengaddaa
malkaa yommuu buunu
qeerroon sirbaan faarsu
tulluutti yoo baanu
qarreen faayan yaatu
beerren margaan baatu
uumaasaa bareechuf
jaarsi ‘maree’ taphatu

Hayyee! Hayyee! jechaa
uumamaaf kadhatu
malkaaf’ tulluu jiisaa
waaqasaa yaadatu
oromoon jabanaa
Orom ammaa jiraa?
kan dhengaddaa miti
dhaloonni inni har’aa

dhabamnee moo maali?
moo numa dhokanne

isa keenya gannee
kan ormaatif kufne
kaleessi daawwitii
ittiin ofilaallu!
kan darbee kanbeeku
kan dhufu’n wallaalu

guddoon eenyummaadha
argama sabummaa
ittiin walgaafannu
faajjii dhala namaa!
Koottaa keenya wayya
Duriitti haa deebinu

*****////******

Abdii

Anaaf anummaankoo
walkeessa borcamee
eenyummaan kaleessaa
dhaamsa natti dhaame

“eessaa dhufte’ eessajirta”
jedhee naalallabee
iddoon ture ceephoon
keessakoo guggubee
iddoon jiruus laallan
waankaa’u wallaalen
waanan kaasun dhabee

sodaafi biri’achuu
keessikoo natti uume
na’n dhoofne nanreebne
yaadan nasukkumee
hunduu jijjiramee
bitaas mirgas laallan
abjuus miti fakkaatas
eessan ture duraan

lakkimee ittidhiisi
keessakoo nan dhaanin
boruus abdiin jiraa
har’a hirribaa kanaan

////**

Haroo Guddaa

Guyyaa gaafa wayii
akaakaan lag’ bu’ee
bara barri bade
yaada ‘saan qaari’e
bishaan yaa’u laalee
takkaa ittihaasa’e

Garuu…
isadhufutti himus
bishaan hindhaabbatu
kan biraatu dhufa
innidarbes badaa
baayyee‘n dhaggeefatu

Dhumarratti…
akkana jedhanii
wawuu abdii kutanii
sagalee olfudhanii
uumama isa biraatti
iyyanii ittihimanii

“bishaan dhag’ee darbuus
hindhageenyet’ dhufa

kan dhufuttis himuu
kan biraatu fufa
silaa quuqqaa kiyyan
ittihimadha cufa
yeroon waliin eegutti
barat’ jala lufa
amman hunda eegee
dabareen usususu
haroo guddaan tolcha
mara dhageesisuu
‘f

////*

Abbiyyaa

Ammayyuu himtee qabda
odaansan fagaattullee
jifaarri warqee ormaa
kankee taatu yoomillee
guyyaa waaq garuu'n dhufta
atis yaalammii kiyyaa
iyyi ormaa yoomu ormaa
harmee dhuma siiwayya

darabaan garbummaadha
rakkinuma kee malee
guyyaa tokko nigalta
siinirraanfannu 'mmallee
guggufuu goda ormaa
garuu 'numa obsitee
nidandeesse waahundaa
jamilaan harmeef jettee

koottu yaajaamiilaa
maaf galaana ceeta
maaf garaa naraafta
koottu harmeen si yaadde
suma obsuu dadhabdee

maddituu seenaf duudhaa
dachii jennataa qabna
hangamiyyuu fagaannan
biyye biyya ormaatti hafna
wallaalli bishaan biraa
dhabsuf agabuu bulaa
lakki'n galla yaa koodee
biyyatti hoojenne bulla
lammii biyyaa…
lafaaf samiin
si yaadde
dachiin tiyyaa
rakkatullee maaltu
biyya ofii gayaa

*****////******

Guddoo Turte

Yaahaadha hayyuuwwanii
harmee haadha goototaa
badhaasa kennaa rabbii
bar eenyut sit’hiixataa
Oromiyaa jedhee’n quufu
siinjaaladha yoomillee
qabeenya keetin boona
gubbaaf keessakee laalee
horeetan sirraa yaase
qoteetan sirraa nyaadhe
dhachee akka jennataa
bar siinan gadhaabbadhe
aadaankee fakkii adunyaa
gaddiisni odaa keetii
gadaan shanan uumaa kee
kallacha tokkummaati

gadciisen himtee arge
Oromiyaanaaf guddatte

boruus waa abdiin jira
kaleessas guddoo turte

iji hamtuun sii’nargin
lalisiinaaf jiraadhu
baran lakkayee’n fixne
bubbuliinuuf fagaadhu

////**

Barruu Waaqi

Sidha… harki waaqi
si ergamni rabbii
kan anaaf si ergee
akka eegduu dhaabbii
anaan uruursitee
gaafanan daa'imaa
gaafan ani corqaa
yeroo sabiyyumaa

yennaan an daa'imu
nawaliin daa'imtee
'anas baattee
naafis baattee
sidha..harki waaqi
sidha…ergaan rabbi
anaaf suma ergee
akka eegduu dhaabbii
ija too agartuutoo
qaroo dhugaa
daawwitiitoo
siinan dhufe
siinan ga'ee

si gatittiin
siluqqa’ee
barruun harka keeti
anaaf hirree kankoo
obsa lubbuu keetu
dhuka ijaarsakoo
galatoomii!
tiruun akka fooni!
sagal boraafadhus
irraayis biqilu
cinaas gangaladhu

onneen immoo!
akka waan afuuraa
mallattoo jaalalaa
kan gadi ergamte
rabbirraa halaalaa

Galatoomi!
mar’imaan dhugaato
nadhii damma daamuu
moggaasalleen dhabe
waan ittiin siwaamu
////

Maalif dubbiif kaatta!

Sabaaqa hojii seetee
aruutii godhatta
umuriin keen deema
maalif duubbif kaatta
sheexanni hasaasaa
dhukkubni sabaaqaa
siqabee siin deema
soba siif kalaqaa

sobaaf waaqeffachuuf
dungoo qabsiifatta
ilma namaa qoruuf
waan dharaa hanqaaqta
funyoo hamiikeetin
takka takkaa hiita
takka takkaa hiikta
yookan hin hojjettuu?
bu'aan agarsiistu?
 soba omishattee
biyya kan gaagaatu!
ofiin taatuu? biyyaa'n ooltuu?
Amma Ololtuu!
////

Gaachana

Ururssuu sossobbii
bara ijoollumma
gaaddisa qilxuudhaa
bara dargagummaa
anaaf qorichakoo
dadhabbiif jabina
waardiyyaa isa dhugaa
ababbaan gaachana

waarii warwaarra'e
dukkana dhidhimaa
kan ifti hinmul'anne
bara barri jaamaa
sana keessa teessee
ifa naagarsiiftee
gadadoo keegootee
qananii naafdhiiftee
abbaa… ababbaa…
gaaddidduu koo odaa
biiftuushee ganamaa
bakkalcha birbirii
sinbookoo tuulamaa
situ jiraatef

tabba baane
situ nuuf ga’eef
mimmiidhagne
babbashaanne
gorsa keetin
nama taane
nyaara keetin
humna arganne
hunda anin fixu
keeoolman baayyeedha
utuma naaf ta’ee
bara naaf jiraatten
anis siif jiraadha

*****////******

Narraa Hafi

Jaalala Sobaa
natti dhaamte
nafuunfattee
natti urgooftee
haalalarra
nawaammattee
umrii kootti
fayyadamtee
taa'if ka'ii
nadhorkitee
naman dhabe
kan sibeeku
silaa waayeekee
naaf akeekuu
eenyuummaakee
kan natti himu
maalummaakee
kan naaf dhaamu

maqaa keetu sheexanaf
waa'ee kee wallaalani
gochaa keetu goobanaaf

sitti darabaa galanii
nadhiisimee narraa hafi
an si dheesse, mee nasaalfi
miyaa yeroo,cinqii fagoo
michuu dhoksaa burqaa rakkoo
sin nadhiba dhukkubakoo
natti kaasta bowwuu kankoo
akka gayyoo bara baraan
 jilba kankoo nasakaltee
akkan deemee hinfagaannef
keessa onnee kiyya seentee

akka kuulli lubbuu kiyyaa
akka sirraa nauumamee
onneen kankoo natirristi
yoon sibiraammoo dhabamee
mee na dhiisi narraa hafi
an sidheesse mee nasaalfi

yoo akkakee anuun turu
kiyyoo kee keessan bubbuluu
jireenyikoo harka waaqi
muudii keetin waliin galuu

rabbii kankoo tokkichakoo
najalaannan narra kaasi
fuula daandii jireenyakoo
harka qabii na garsiisi

takka baanan an sin beeku
garba aduunya keetin daaku

Kan gabrummaa araadaa jalatti kufeef
////*

Hidhata Haroomsa

daandiin nurra dhufne
dheeraaf hallayyaadha
bu’aa bahii hedduu
dukkana rakkoodha
bubbeefi bakakkaa
cirracha gubaa malkaa
keessa baane loonee
gaafa tokko gaarii
guyyaan kaanis aarii

hundaa dhamdhamannee
kunnoo har’a geenne
waldhaabbiin har’aammo
sa kaleessaan caaltu
qormaata dheengaddaa
sana bakka’n buutu
yoon hamaas hojjedhe
maalif nan gorfattu
badii xiqqashuutu
jaalala boreessa
waliin marii’achuun
hidhata haaromsa

////

Ee… si jaaladha!

hamma fageenya samii
haga bal’ina lafaa
haga baayyina urjii
hamma kaakkeefi saafaa
eeyyeen… sin jaaladhaa!
amma jaalala haadhaa

amalas yoodhabde
qabaattus amala
nabira jiraatus
yooteesses haalala
miidhagdes, fokkistes
naaf situ naafcaala

akka jabbii xalacoo
akka haadha mar’attee
akka ilmoo sassataa
kadhannaadhaan dhalattee

akka waan onneentoo
sirraa omishamtee

akka waan foolintee
naaf dawwaa jedhamtee
rabbi gaaf si uumuu
tiyya gatii taatef
narraayis foxxoqtee
nattis asmakamte
eeyyeen… si jaaladhaa
akka jaalala haadhaa
amma hin danda'amne
amma hin abjootamne
nita'a jedhamee
amma hin yaaddamne
sirraa nahidhaanis
kanan obseen teenne
otuun sibeela'es
kanan beela hin baane
kanan si dheboodhe
dhabsuu sin cabsanne

waa'eekee dubbadhee
kanan hin fixanne
bara darbes baranas
sitti hin sinsinnaa'uu

baroota hafaniis
sitti ‘n jijjiramuu
karraa waaqa seenees
lubbuun kiyya yoomuu
ee… sin jaaladhaa
akka jaalala haadhaa

*****////******

Jawwoomu

Akka cidha diinaa
nyaatanii callisuu
akka mulluu du’aa
darbatanii dhiisuu
laalaa kalamsaa’uu
dhaga’aanii duuduu
tuqanii bir’achuu
beekanitoo diduu
liqimsanii rafuu
dhudha’anii jawwoomu
yaa waaq nu jaalannan
nun taasisin yoomu

*****////******

Immiyyee

Kunoo bara sana
bara immiyyee dhufe
inxoxxoo koranii
caffee ilaaluun hafe
oddo daalattiirratti
yaa'iin gullallee hafe
gooroo odaan biqiltee
xuwween bakka buusani
Gadaa nu gachisiisuf
quba qabaan isaanii
"tulluutti maaf baatu,
bishaan maaf kadattu?
callee maalif baattu,
keenyaan maaf'n bultu?
waaqni dufaa jiraa
cubbuu maaf wojjettu?
qanii ba'aalii daa
mee maalidaaf qottu
tsiwwaa fi taskaarii
maalif hin diggistu

mucaakee angafaan
Magarsaa maaf jettaa?
kan booda kinoo
Baqqelee sayyamta
obsee teetinammoo
Tigist jettee waamta”
jedhe warri immiyyee
gaaf inxooxxoo qubatu

cufaakoo cufaakoo
cufaa jalan bulaa
yaaleenca gullallee
Tufaakoo Tufaakoo
Tufaa ilma munaa
nu suma abdannee

gullallee tufaa munaa
harkumaan of salphisu
otuu akka duraanitii
daadhiif gaarii facaasu
marga jiidhaa qabachuun
malkaa fi tulluu jiisuu
Goobana! sin salphannee
bara immiiyyee sanaa

nutu si amanatee
jaarsummaa si ergannaan

tuulamni siin goodane
karra shanan gullalleen
illaammu karra meexitin
jimmaan karra qoreen
dukam kara qaallittin
kuun isaatis bahe
karra kotobeetiin

tuulaman qofan teenye
calanqoo galaafate
dhiiga ilmaan keenyaatu
korrobboo keessa guute
immiyyee minilikii
sab miskiinatti duule
dachee bal’ifachuudhaaf
kaangube kaanqale
calanqoo lolaa calii!
biyya akaaken duule
lafee korommiiwwanii
oyiruu keessa tuule
cunqursaa jaarraa tokkoo
ayyaanasaa kabajna

dafqi keenyasaanif
nu biddeen abjuu nyaanna
Arsiikoo bara qofaa
annaan loonii elmatu
cooma randaa muratu
baksaa miillan dhiqatu

booda…
annaan aanolee taate
anooleen dhiiga elmamte
alagaan nutti duulte
harki cooma san murte
yuuyyeedhaan wareegamte
harma aayyoolii teenyaa
meencaadhaan mummuramte
akka roorroo ‘n dhowwanneef
harka keenya murtani
akka ilmaan hin godhannef
harma keenya cirtani

immiyyee!
harki namaan murame
dhaloota dhufuun fayya

harki waaqan kutamee
dhaloota fufuuf ceya
laayyoo miti daandiin
nuti irra deemnee dhufne
kalee quba muramneet’
har’a qubee baranne

////*

YooHarkaa…

yooharkaa qaban
dacheetu dhiichisa
gaaddiddut’ taphata
simbootu raphisa
manatu abaaba’a
abdiitu lalisa
fagootu dhiyaata
samiitu lafa ta’a
alagaan dhiiga ta’a
firrillee ilmoo ta’a

yoo harkaa dhaban
silmiin arba ta’a
rakkoon achi’n hiiqu
dhakaa jaarraa ta’a
yooharkaa dhabani
yook’ ni salphoomu
yookin kadhattoomu
tasas gabroomanii
yookis daarayyoomu
yooharkaa dhabani
sinsinniit’ heddata

gaarii bulteen hafee
lolli iddoo fudhata
hamileen cooligee
abdiitu yarata
qaawwatu baayyata
dachiitu dhiphata
murxuxxee jiruutu
nama furguuggata
sobatu daraara
haqatu dhokata

ammoo!
yoo harkaa qabani
giiphitu ofjaja
garbi lafa ta’a
gaaratu fajaja
xiqqaan angafasaa
waametoo ajaja
jaalalli dulloometi
lubbuun foon kabaja
dukkanatu ifa
bonatu afraasa
bara barri badeen
hongeen damma cobsa
qabaatan garmaamu!

qaban fiigan ba’u
qabaatan waamamu
qaban leelloo ta’u
yookin…
yoo harkaa dhabani
barri ni fagaata
aruutin hin hiiqu
nam-jala dhaabbata
ijji akka burqaadhaa
dhimmuun irraa hin qooru
qaamni daara hin beekne
diratni irrasaaru

yooharkaa dhabani
utubaatu sokkee
maatiis facaasani
barumatu sokee
ittis wallaalani

yooharkaa dhabani
harka namaa laalu
gatiittii cabanii
du’a ofit’ malu

qabaannanis gaarii
qabnaan kan rabbiti
itti carraaqqannaan
dhabnis ni dabarti
*****////******

Tur-Namaa

Sitti hiiqnan nadheessite
si abdannaan nadhokatte
sitti boonyan nalagatte
sitti boonnan nasaalfite`
sisossobnaan qirimixxe
sijalaannan najibbite
madaa jilbatti baattattee
madaa kootti kolfitee
tur-namaa….turii namaa
arraba dhanquu lamaa
tokko namaan jajama
tokko ittiin waaddama

eeboo arraba keetitin
harka dheera gabaabsita
isaa gabaabaa murta
ifa dukkaneessitee
qaroo isaa jaamsita
yoo nabiraa nafaarsita
yoo kophaakee nacabsita

nama jechuun maali…?
dhonnummaa; garraamii
beekkumsa ; wallaala
jibbaan moo jalaala
mee maalin wal caala
tur-namaa!
nuun eega qixxaate
uumamni daggalaa
maal namummaan keenya
waa beekuu moo jalaala
kanaafuu,
beekuu qofti homaa
garaagarummaan uumu
walii yaadun hafnaan
adda miti yoomuu
akka uumaa rabbiitti
gargar ta’uu keenya
uumama kaan caalun
wal jalaachu keenya!
tur-namaa…
akkumaa gaariin jiru
hammeenyis jiraata
akkum wallaalli jiru
beekkumsis mul’ata
wal hamachuu dhiisne

mee wal yaagorfannu
maaloo! Wal sossobnee
wal yaa deebiffannu
gaafa dhukkubsannee
daawwaa waliif haa taanu
kana nama jechuun
hiikkan ani itti kennu

////**

Dhaloota

Kan lafaa biiftuudha
daawwan dharaa haqa
kan dhibee, fayyaadha
hiyyeessaf sadaqa
abdiin warra keenyaas
dhaloota dhaloota
sanuu,sanuu,sanuu
ammoo dargaggoota !

*****////******

Cagginoo

Guyyaa sana sin abaare
situ xaarif nadarare
gaafa rakkoo guyyaa hanqoo
milkii dhabduu! Aduu mangoo
ergasumaa yooman taa’e
hudduun qabu gundoon ta’e
faana hin qabu awwaara’e
adeemetan namaa ba’ee
mil’uun baatii gaaf dhokatte
gaaf cagginoo guyyaa sadan
guyyaa waan mara lagatan
ji’a keessa guyyaa hamtuu
jirma muran qinqinooftu
uumamni muudaa ittihoratu
kan biqilaan gadquucaru
inni latu kan tortoru
guyyaa sana sin abaare
situ kanaaf nadarare
gaafakee san bar dhaladheen
oldhiiseetan gadguddadhee
beela dhugeen daaree kadhe

hongee keessa gangaladhee

amma gahe narraa caamsi
milkii boruu naaf mijeessi
ni baayyatee naaf dubbadhu
isa darbe sin ‘n komadhu
////*

Jette mitii !

“Shanis elmatamtu
shantamnis elmamtu
tiyya qicaan
galii hin dabartu
anaaf sii malee
yaa saree….
ormi silaa
taajjaba baree”!
jette mitii!
yaa adurree
*****////******

Gardaaduma

Colleekoo… ayyaan-gardaadumaa
ayyaana keetin rabbi araarama
si lugamadheen gumaa dubbadha
siwaaqaf dhaaben faloo faladha
siin gulufeen goota ta’e
sirra taa’en gooftaa ta’e
suksuki mee dhangalaasi
gulufiimee meedannabsi
kooran dugdaa siquuqinaa?
fuulon fuula sihoksinaa?
qomoon qomaa sitti hin tollee?
garjaleen kee sifooksinaa ?
daalee kiyya boorakoo
magaal bulloo, odolchakoo
diinqa keessattan an si soora
gaafa taphaatin siin koora
ormi dubbii nutti dhalcha
fardi alaa nama galcha!!!

////*

Nu Araarami

Nama waaqni uumnan
cubbuu namni uume
cubbuun lafa dhaallan
lafatu socho’ee
rabbi malkaa uume
kanaaf achi ejjennee
waaqayyoon kadhanna
cubbuu nuun uumameef
dhifama gaafanna!

*****////******

Akka dhufu beekuu?

warri homtuu hin galleef
tokko tokko jiran
akka buuphaa lukkuu
“kufnu cabna” jedhan
gaariin utuu jiruu
gad jechaa xaarrachun
akka dhufu beekuu?
quufa hin taane cinaa
kufaatin jiraachuun
*****////******

Mucaa Takkan Qaba

Mucaa takkan qaba
kan naan amanamtu
kan homaa hin bararre
akka simbiraa hamtuu
akka qocaa deemtu
guyyaa gaafa tokkoo
arge yoo barartu
oddoo namaa seentee
yoo mana ‘jaarrattu.

////*

Gaabbif eegeen….

Qabna jenne kan
qabnu nyaanne
jira jennee
ormaaf facaafne
booddee booddee
of duguugnee
kan qabnu Hunda
xuruurfannee
miillan joorra,
harkaan kenninee
goda keenya
qulleessinee

////*

Finfin…

Dur yooqofa qofaa
finfin…finfinnee beekna
hora hobaa jabbilee
loon keenya obaafanna
yoo bishaan nugaafatan
ayeetu dubbuuksina
yoo midhaan nugaafatan
kara-deemaa quubsina
bara dur dhabdee seennan
hammaarratteetu baata

har'a qabattee seentee
dhabamteetoo hafta
karaa guddaa gubbaa
namnilleen asheeta
mannilleen bareeda
karaa duuba duubaa
mannillee hin jiru
namnillee hin tiru
Finfin… finfinneen
amma biyyaa miti
naa'oosuu hin qabdu
surur nama jetti

amma biyyaa miti
biyya miti kuni
biyya fincaan fincaa’uf
kafalan sumunii
biyya jaartiin saafa’an
kofa qullaa deemtu
biyya dhiirri kofoo
hudduu gaditti hidhatu

////*

Yaanaakoo

Anummaa Joollummaa
yaa anaa koo ganamaa
yaa ona koo kan ammaa
yaa kormakoo! diilanaa
yaa ormakoo! miilanaa
yaanaakoo... Kiyya!
yaa anaa ! yaa anaa!
kaleessa damma sana
amma haadhoftu tana
nan yaadadha aayyaa !
eenyummaa koo sana
galoo gammachuudha
abaaboo jaalalaa
kan gaamarre kichuu
tapha san! Tapha san!
dhokachoo dhokachuu
saddeeqa saddeequu
biyyeen mucucaachuu
“shokko shokkollee
shokkolleen waarabessaa!
galgalan si waalessaa!”
jechaa.

ulee dhaaban jigsaa
eenyummaa koo sirrii
kan isa kaleessaa

tarraaca nacinaa kaatu
koruphee gamatti utaaltu
bosana gaaraa mul'atu
fincaa'aa gad-dhaabbatu
tika ululleen faayamte
caaffee faradoon dheeddu
kiloolee dhangalaasna
saani malkaa yoo dhugdu
fura laalisaa illeettii
yaa'sa dheedmaa ameessaa
laga lagaa gabbisaa
samiin bubbee shuwwisaa
arfaasaa bonee facaafna
girrisaa furrisaan eegna
girrisaa midhaan nyaatu
samii Samiirratti dhoofna
arfaasaa gala gannaa
jabbii xalacoo dheeddu
ganna uummoo daawwanna

calee jiituu bareeddu
birraa goobee taphanna
“gooba gatee yaa gabatee
gabatee nyaachisa foonii
ati ciisi yaa dabeessaa
mar’achiisee warri loonii“
jennee!
sadaasa quurruun dhufnaan
“yaa quurruu tarree galii
anaa sangaa qalii
lugna harree qalii“
jennee faarsinaa

nan yaadadha...!
barri sun jennata
hurufa jiruu dhugaa
uumaatu si jaallata
uumamatu afaan waaqi
sirriitti tolchee beeka
gaarri gamaa gamanatti
daba jaalalaan jeeqa

kan tiru gargaaraa
daboof jigii walirra
“qirca“gaafa ayyaanaa

kan gamteef wallaanaa
cabaa madaa qoorsun
jabaa maqaa faarsun
nan yaadadha beektani
arjummaa sun keessani
nan yaadadha!
kanniisa ulaa muree
akkan dammashee cinfadhe
akkan caccabsaa nyaadhe
annaan odolee unadhee
akka ibidda cinaatti
makmaaksa makmaakne
hibboo waliin hibbisne
sheekkoof oduu durii
dharraa itti baanee
nan beeka aayyaa!
har'a garuu
barri akka nadhudha'e
miillan karaa bu'e

har'a kanas beeka!
akka kan uumame
uumaa isaa gate
akka kan guddate,
guddisa irranfatee

akka haati dhaltee
deebitee maseente
akka kan dhalate
biyya fageeffate
mee eegaa yaa ta’uu…
jirra ammas jirra
mee akii, akiittuu
biyyanuma jirra!
ala keessa hin jirru
mana keessa hin jirru
utuu qabnuu waliin ‘n hirru
jaalalli akka durii ‘n jiru
keenya kunoo yaada kaata
kunoo kana fakkata
dura dura wajjin nyaatee
daraboon booda wal hamata
jaartii fuulli qoncoore
waan jabanaatin qunca’ee
haarrin jaarrolee ammaa
qalamaan gurraacha’ee
safuun biyya hin jiru
qaatuma karaa maqee
akka nama boqatee
bakka dhugaa san dhaqe
har’a…

misirroonni lamaan
gaafa cidhasaanii
ga’eela taa’anii
“har’a yoo wal fuune
yoomuma addabaana!”
jedhaanii raagani
dhirsi bultii qaba
garuu, niitii hin qabu
niitiinis bultii malee
dhirsan qabdu akka kalee
kanatu jira yaa durii
akkamiinan of deebisa
har’i kinoo kanadha
eessa koon of teessisa
Aayyaa!
baxanakaa baxana
baxana dhaltii dhabuu
annaanan kadhaa deema
baxana qalbii dhabuu
anan barbaacha deema
ana! Anummaa ’koo…!
mi’aa isa joollummaa
“yaa anaa koo!” Ganamaa
hadhooftuu heexoodhaa
yaa’ona koo kan ammaa

yaa kormaakoo diilanaa
yaa ormakoo miilanaa
yaa anaa! Yaa anaa!
si yaa ilma-aayyaa
kan duraanitii miti
yaanaakoo ammayyaa
inni kaleessa suni
eessa eenyummaan kiyya?
baddaan kee cululuqee
fakkaattus warqee mormaa
keessikee silas kee miti
maal sii godha kan ormaa
Aayyaa bar !
gammachuu durii san
ciinqiin ajeesseera
jaalala dhugaa san
sinsinniin ajjeeseera
mee aayyaa!
yoo si biratti hafe
anummaan koo suni
nan dhufamoo dhufta
caba kiyya kuni
akka naaf deebi'uun
iyyata dhaammadhee
nan irraanfatini

naa ergi rakkadhee
ana! Anummaa ’koo…!
yaa anaa koo! Ganamaa
mi’aa ijoollummaa
akka baala ibichaa
yaa’ona koo kan ammaa
///

Sifa Jedhu…!

Kannari’u jalaa fiigaa
kanan ari’uu duuba fiiga
kan na dheessuf sardamaa
kan ani dheessu dhabama
kanan dheessu taa’ee cinakoo
kan na dheessu laala ijjikoo
kan nan feenef baal’ee gatee
kan na fedhus tara abdii kutee
kan fagoo utuu reebuu
kan dhiyoo ach’ fagaate
kan fannoo utuun eeguu
kan bobaa na ’laa buute
////*

Sululta

Naaf elmi aannankee
nan dhuga qabeetti
bishaan hin barbaadu
silas maal dhabneeti
nan gulufa fardakoon
hurufa ballaarra
sulula Sulultaa
calee midhagaarra
Sulultaa…!
biyya jaarsaa
biyya aarsaa
kan qarreedhaa
dargaggeessaa

foollee!foollee rooba
gadaan quufa gabbina
qeesis taatu sigabaan
silaa dhumni salphina

Sulultaa…!
biyya gadaan beeku
biyya gadaa beeku

gaaddidduun bosonaa
qilleensa hawwataa
afuura jireenyaa
sululli jennata
Sulultaa…!
dheednee soore bobbaafne
dilbii qonnee galfanne
cooma sangaa muranne
daadhii irraan unanne!

////*

Oggas narraa gala

Wayita aduun dhiite
da’oo manaa jala
yeroo dimmimisaa
waarii yoo galgalaa

ana siifi addeessa
urjii fa’a taanee
yaa’ii addaa teenye
walitti makamnee

ijoon yaa’ii keenyaa
si dinqisifachuuf
miidhagina uumaa
kee waliin si faarsuf

si laalee urjii laallan
miira ‘ddaa gammachuu
lakkuu haadha takkaa
fakkaattan sin lachuu
bareeda dhokataa
humna dachee raasu
sammuu namaa hatu
kan samii kirkirsu

silaalee silaalee
ammas ammas silaalee
akka michii jaartii
yoosuu narraa gale
////*

Qarootoo

Ati yaa ijatoo
agartuu waan maraa
utuu addaa hin loogin
gaariis ta’ee yaraa
kan toluuf hin tolle
diinas ta’ee fira
guddaa fi xinnashoo
fagoos ta’ee bira
situ hunda duraa
waa dafee natti hima
sumatoo jarjaares
gadda natti uuma
siin hammeenya laalen
aareetoo gubadha
siin arjummaa argeen
sittimmoo gammada
ijji nama laalti
malee nama dhaantu
qoricha jaalalaa
walitti araarsituu!
halaala tilmaamtee
raaga yoo himattu

“xusee” jedhuun malee
ijji hin sodaattu
ijji qalbisoodha
akka waaqgurraattii
maaltu isheedhaan gita
tirika adunyaati
////*

Dhiifama

Dhiifamni haqaadha
dhiifamni araara
cubbuu jalaa bahuuf
danuu nam’ gargaara
dhiifamni tufata
kakuu haaromsuudha
foon dadhabaa keenya
lubbuutti araarsudha
dhifamni dhababnaan
cubbuutu daraara
waaqatu wallaalama
dhugaatu ta’a dhara
dacheen ni baqaqti
hammeenyi ija baasa
uumaan umamarratti
gidiraa firfirsa
hundaa waliif dhiisnan
sheexana ajjeefna
dhifamni jiraannan
jaalala ulffeessina
////*

Karra-Ayyuu

Hortee baasoof dullachaa
karrayyuu ilmaan teenya
kaleessa; har’aaf boruu
isintu jufaara keenya
odaamoo goofaree
goofareedhas odaa
miiltoo dhufa gadaa
lachanuu maatii dha
////*

Hibboo ?

anumat hibbisa
hibboo…? Hibba kiyya!
ofuman gaafadha
ofumattan iyya
ulee abbaan kiyya
laaletoo naaf mure
yeroo sanaa kaasee
hanga har’aa ture?

qallattee furdattee
dhimma sirraan qabu
amma koo hanqannaan
cabsanii si gubu
golaan si cufatu
yoo diddeekaa yoomuu
yooki na hin jijjiiri
maqaan silaan ooluu
ulee gaarii taatee
si qabachuu baannan
anis si’n barbaadu
ati mi’aa dhabnaan
////

Suuta irra ejjedhaa!

Dachiin tun ulfoodha
suuta irra ejjedhaa
lafee goota darbeetu
lafaan makamaadha
dhiiga warra darbeetu
irra dhangala'ee
lubbuu jagna duraatu
irra diritaa'e
kanaaf suuta jedhaa
irra hin ragadina
suuta suuta malee
irra hin dhichisina
////*

Oftulummaan dhaallu

Adunyaan har’aa tun
angafummaa keetif
baayyee hin dhimmamtu
quxusummaa keetis
dantaa itti hin laattu
hiyyuummaa kuntalaan
mataatti baattannee
oftulummaa duwwaa
waliin gudunfannee
gootummaa kaleessaa
qofa maaf faarsiina
waa baranna waa hojjenna
seenaa barreessina

////*

Sit’dibaabee tiyya

Mee turii na laalii
daftee nan baqatin
eenyummaakoo sirrii
otuu adda hin baasin

jaalataa dhugaamoo
jibbaadha keessikoo
xiqqoo obsi adaraa
hubadhuu onneekoo

ani kanan beeku!
si jaalachuu kiyya
na cina dhaabbadhu
sit’ dibaabee tiyya
situu dibaabee tiyyaa
***////**

Odaan Gadi Jedha

Bara tokko yooqaataa
garba guddaa qarqara
mukwwan hedduu waliin
odaa tokkotu jira
obonbboleettii baraa
bubbee hamaan dhufu
odichi homaa hin ta’u
mukti biraa yoo kufu
bokkaa yandoo bakakkaan
wal make ennaa roobu
dhagaachi guddaan xiixee
warra kaan yommuu hubu
odaan koo akka jaarsaa
dugdaan isaatin gad-jedha
balaan isan saaxilu
ni dabarsagaa hundaa
mee sinis gadi jedhaa
akkuma dugda odaa

biyyi ormaa hammaattuni
godi namaa namaan toltu
obsaa mee ni dabarti
jabaadhaa gaa ni dhuftu

ammasittuu !
akkuma dugda odaa
mee gaduma jedhaa

warra biyya alaatti jiruun dararamaniif!!

////*

Gumeef amartiisee

Yaada biraan qabuu
taa’i mee sin laala
hundumtuu natti hafee
situ hundaa caala
utuu na taasiftee
gumeef amartisee
silaa dukkanakoon
ittiin calaqqisee!
mormasee calleerra
suqqameetoo ciisee
onneeshee dheebotte
tana dheebu baasee
akka gubaa ilkee
akka hiddaa kanniisaa
maali kan nagubdu
dubbii kolfaan fixxa
ijarraa na hin baddu
mee mee naaf heeyyamii
si waliin yerookoo
bashaashee dabarsa
sa eebbisu keessikoo
////*

Kaaldii

Jaarraa dur sokkan keessaa
jaarraa seena-qabeessa
waggaa dhibba saglaffaa
bara kaaldiif re'eefaa
biyya keessa biyya tokko
jimma keessaammoo gommaa
guyyaa keessa gaaf tokko
ajaa'ibuma uumaa
oromticha tokkoon
"Kaaldii" ittiin jedhuun
horsiisee jiraatu
re'ootasaatini
guyyaa gaafa tokko
re'oonni isaa badde
barbaacha isaanitti
of muddee of sardde
re'oonni hin argamne
baayyee qixxifatus
ganamaa hanga guyyaa
dhabee wixxifatus
booda re'ootasaa
yoo ragadan arge
waansaanii waallalee
Kaaldii dhaabbiin goge

“re’ootumti kunneen
maaluma nyaatani”
jedhe mala male
kaaldiinis yaadaani
itti fufetis
“firii maalii nyaannan
akkatti mirqaanu
akkatti gammaduu
akkas bashannanu”
firii isaan nyaatan
Kaaldiinis kutatee
qoonqootti darbate
utuma hin turin
miirrisaas mirqaante
sammuun isaa yoosu
buna ta’uu dhaamte
bunni adunyaa ammaa
akkanaan argamte
adunyaa martinuu
Yuuroppi Ameerikaa
amma hunduu beeka
buna Arabikaa
nutis ittiin boonna
bunichi keenyakaa!
////*

Sin eega

faagattullee deemtus
ati karaa dheeraa
qaaman as ta’ullee
onneenkoo sibiraa
walis dhabne jedhee
namatti yoo himadhee
addaan baane jedhee
ammas yoon dubbadhe
jedhee yoon si abaares
“hojiikee hinargatta!”
miiltoo miilla tokkoo
namni wal argata
utubaa manakoo
duras anii’n diigne
kophaas hin ijaaruu
baaltansaa faxxoqus
sin eega…
jigus jalaa’n goruu

///

Atumti yaa harmee!

Birgaadel jeneraal
yaaTafarii Bantii
si conqolaasani
akka saree dhaltii
yaa Taaddasaa Birruu
yeabugidaa shiftaa
jedhamtus yoo sana
qubeen si yaadata

atumtii yaa harmee
yoom gowwummaa baata!
kan siif du’e badeet
kan si ‘jjeese nyaata

darguudhaaf ture!1969

///

Sarana

Oolmaankee baayyatee
sammuukoo dhukkubse
si waliin turuunkoo
jiruu nabarsiise
kan duree jalqabaa
uumama ilma namaa
kan hawwaa adamaa
isa tufaa ganamaa
humna hin qabun ture
xinnuman guggufa
bakka gamtee taatetti
sumatu naaf dhufa
gargaartu lubbuu koo
siin rakkookoo moo'e
ciqilee keetinan
ciinqii keessaa bahee
urjii too yaa iftuu
yaa ji'a goobanaa
abdii maalin qaba
simalee sarana
///

Boru kan ilmeeti!

Dhengaaddi keenya sun
waan mishaan dabarte
kaleessi nurra tartes
waa kennitee tarte
ammoo,
waan miidhaanis jirti
taatee sana keessa
kaanisaas qerreessa
kaan awwaaldigeessa
fookkisaan utuun jiraanne
miidhagaan jiraachuun beeknu
kaleessa irraanfannaan
har'i har'an seenu
yoo har'a waallalle
borutti hin abjoonnu
waan dhufun akeeknu
hin xinxallu hin raagnu
har'i tuni teenya
nutu waa hojjetaa
boruu kan ilmee ti
isaantu waraabbata

///